Q.B. : ”Ni barbadeessa malee hin dhaamu.
Furguggee fi bara hamaa furguggeen cabsa malee guggufee hin dabarsu. Ofii jiraatee diina dhabamsiisa malee hin dhabamu.”

Lakk.2
Adoolessa bara 2001.

”Qabsoo Oromoo Keessatti Tokkummaa, Tokkummaa Oromoo Keessatti Qabsoo”

Barreessama kana keessatti, Qaanqeen Bosonaa qoraa-babbay´isa tokkummaa Oromoo aggaammata. Jalqaba yaada dheedhii ”tokkummaa” jedhu qunxuree dhagaa daakkaa keessa seensisa. Gulantaa lammataa irratti, dhagaa fi majjee karoorsee horoora. Itti aansee gindoo fi gingilchaa hodhee atantara. Dhuma irratti, yaada tokkummaa jedhu kan alanshee dhandamuu fi dhimbiibee calleessu qabsaa’o taa fi ummata Oromoo ti.

Tokkummaa jechuun maal jechuu dha?

Tokkummaa jechuun, bifa jireenyi ykn uumaan waan tokkoo ittiin of mul´isu [”Unity is a mode of manifestation of every natural,social& historical phenomena”]. Uumaan hundumtuu wanni bifa beekamaa tokkoon of mul´isuuf, waan tokkummaa qabuufi. Wanni lubbuun jiraatee lafa irra deemu martuu sababiin jiratee sosso’uuf, tokkummaa waan qabuuf. Sabaa fi hawaasnilleen tokkummaa waan qabuuf, akka sabaati fi hawaasatti jiraata. Tokkummaan jiraachuun kan beekamuun jireenyani. Tokkummaa keessatti qabsoon waan jiruuf jijjiirramnis argama.

Tokkummaa jechuun ilmi namaa ykn meeshaan harki namaa uume walitti dhufuu ykn walitti fiduu, tokko ta´uu ykn tokko godhuu dha. Ilma namaa tii fi meeshaa tokko godhuu ykn tokko taasisuu duratti, walitti dhufuu fi tokko ta´uutuu firrisa. Kana irraa wanni hubachuu dandeennu ofii keennaafuu osoo walitti hin dhufin nama biraati fi meeshaa biraa tokko taasisuun ykn walitti fiduun hin danda´amu. Kanaafuu tokkoomuun ykn tokkoomsuun of irraa jalqaba. As irratti kan rogaan hubatuu qabnu, nu Oromoon humna biraa tokkoomsuuf tattaafachuu keenna dursinee ofii kennaafuu tokko ta´uun barbaachisa dha tahuu isaati. Tokkummaa jechuun, ilma namaatii fi meeshaa walitti fiduu yoo jedhamu, ilma namaatii fi meeshaa akeekaa fi kaayyoo tokko malee walitti guuruun tokkummaa ni fida jechuu miti. Tokkoommaan kaaayoo fi akeeka qaba. Seenaa ilma namaa keessatti, tokkummaa kaayyoo fi akeeka gara garaatiin masakamutu godhamaa ture. Ammaallee godhamaa jira.

Fakkenyaaf, impaayeroota aango-qabeeyyii seenaa ilma namaa keessatti beekkaman kan akka Jarman, Ingiliz, Ruusiyaa, Xaliyaanii, Yogozlaviyaa fi Itoophiyaa ijaaruuf, gabroomfattoota giduutti tokkummaa godhame tu ture. Kana irraa wanni hubachuu danda´amu, tokkoffaa, tokkummaan gabroomfataa fi gabra giddutti ka hin godhamne tahuu dha. Lammaffaa, tokkummaan cunqursitootaa, faallaa tokkummaa cunqurfamootaa ti.Tokkummaan gabroomsitootaa yoo humnaan, [”iron and blood”] dhufu, tokkhmmaan cunqurfamootaa fedhaan, tolaan, walqxummaan [” union of free and equal people”] dhufa.

Tokkummaa jechuun, ilma namaati fi meeshaa walitti fiduu yoo jedhamu, ilma namaatii fi meeshaa walitti fiduun hoo maal fida? Dhala namaati fi meeshaa walitti fiduun humna fida. Humniti ammoo, madaala humnaa garagalcha. Madaalli humnaa garagaluun, gabrummaa ykn bilisummaa fida. Kaayyoon tokkummaa Oromoo, madaala humnaa gara Oromoo-tti garagalchee, kiyyoo gabrummaa buqqisee, bilisummaa ummata Oromoo fiduu ta´a. Tokkummaan malaa fi dhawa qaba. Tarsimoon tokkummaa Oromoo itichuu danda´u, yoo tokkummaan Oromoo xurree fincilaa fi diddaa gabrummaa hordofe qoofa.

Tokkummaa Oromoo itichuuf, jalqaba jihaa ykn xurree qabsoon walabummaa sabaa irratti godhamu (form of struggle) taraaruu gaafata. Gaaffii, ”qabsoon Oromoo karaa kam irra deema” jedhu osoo hin deebisin, waa´ee tokkummaa Oromoo afaan guuttatanii dubbachuun hin danda´amu. Sababiin isallee, tokkummaan ballaa miti. Gaaffiin daandii qabsoo Oromoo yoo deebii quubsaa argate, gaaffiin tokkummaa Oromoo-llee deebii gahaa argata.

Tokkummaan akkamitti dhufa?

Tokkummaan Oromoo akkamitti dhufa gaaffiin jedhu, bilisummaan Oromoo akkamitti dhufa gaaffi jedhuun walqabataa dha. Akkuma bilisummaan hawwii fi bolola isiif qabnuun hin dhufne, tokkummaa-lleen, hawwii fi dharraa isaaf qabnuun hin dhufu. Karaa biraatiin yaada kana ibsuuf, tokkummaan akka rooba gannaa waqxii lakkaawwatee ofumaan hin dhufu. Yookiin akka intala haftuu hiddii naqatee, siinqee qabatee, aseennaa mana namatti seenee, utubaa hin qabatu. Bifa kamiin iyyuu haa ta´u walii galatti tokkummaan kessattuu, tokkummaan ilmaan Oromoo, qabsoo ilmaan Oromoo tiin argama. Akkuma bilisummaan qabsoo malee hin herregamne, tokkummaan Oromoo-llee qabsoo Oromoo malee hin yaadamu.

Tokkummaan qabsoon dhufa jechuun, qabatamaan, maal jechuu? Tokkummaan qabsoon dhufa jechuun:

1. Diina tokko irratti qabsoo finiinsuun

2. Akeekaa fi kaayyoo tokko hordofuun

3. Gamtaa fi tarsimoo akka tokkoo karoorfachuun

4. Jaarmaya kaayyoo tokko tarkaanfachisu jalatti hiriiruun

5. Rakkinaa fi dhiphina, akka tokko irratti walii birmachuu fi
keessa waliin qaxxaamuruun ykn waliin fulla´uun dhufa. Walumaa galatti, hadhaa akka tokkoo waliin dhandhamuun argama. Sababiin guddaan tokkoomsaan diina jedhamuf- illee kanuma (”The greatest unifying factor is an enemy”).

Oromoon seenaa, afaan, biyyaa fi hiree tokko qabaachuu isaa callaa osoo hin ta´in kan isa tokkoomsee fi isa tokkoomsu, diina tokko waan qabuufi. Kana irraa hubachuu kan dandeennu, tokkummaan Oromoo barbaachisaa duwwaa osoo hin ta´in, gaaffii du´aa fi jireenya gidduu-tti (question of survival). Oromoon akka sabaatti jiraachuuf, tokkummaa dur seenaan qabu eeggachuu qofaa osoo hin ta´ in, tokkummaa fi humna dur hin qabne uumuuf ogeessa jabaa ta´uu qaba.

Tokkummaan Oromoo, kaayyoo masakaa qabaatuu qaba.Tokkummaan yoo kaayyoo xaliilaan hin masakamin, tokkummaa ballaa ta,a. Tokkummaan ballaan immoo, gabrummaatti nama geessuunis ni mala.Dhundhumti, tokkummaan Oromoon ittiin madaalamu, kaayyoo hiree ofii mataa ofiitiin murteeffachuu-ti. Gindoo fi gingilchaan qabsaa'ota dhugaa-ti fi fakkeessitoota angulaalee calleessu, kan dhimbiibee xaliilchu, kaayyoo kana jennee amanna.Ummanni Oromoo, mirga hiree ofii mataa ofiitiin murteeffachuu qaba hennaa jennu, maal jechuu keenna ?

Bakka adda addaatti, yeroo garagaraa tii fi haala adda addaa keessatti, namootaa fi murnoonni garagaraa, hiikkaa garagaraa gaaffii hiree murteeffannaa irratti tarkaanfachiisaa turan.Ammallee tarkaanfachiisaa jiran. Kaayyoo hiree murteeffannaa Oromoo, ilaalcha booressitootaa irraa xaliilchuu fi ayyaanlaallattoota irraa tiiksuuf, kaayyoon kun maal gaaffii jedhu deebisuu keennaan duratti, ijjannoo-llee faallaa kaayyoo kanaa ibsu filatna. Mirgi hiree ofii mataa ofiitin murteeffachuu "inni kana " jechuu irra, " inni kanaa miti" jechuun yoo jalqabne, yaada kana irra calaa ibsa.

1. Mirgi hiree ofii mataa ofiitiin murteeffachuuf Oromoon uumaa fi sabummaan qabu, yaada humniti biraa hiree isaa isaaf haa murteessitu jedhuun, walii faallaa. Humnoo tiin of-tuultotaa, "ummani Oromoo waan mataa ofitiin of bulchuu hin dandeenneef, hiree isaa nutuu isaa murteessa" jedhu.Gitni bittuu Habashaa kan of-tuultota Amaaraa tii fi Tigreen hogganamu, tarre kana jalatti hiriira.

2. Murnoonni mirga hiree murteeffannaa gara mirga Oromoo gamtaan murteessutti (Joint-determination) sharafanilleen ni jiru. Of-tuultonni Habashaatii fi ayyaan-laallattonni Oromoo, maqaa heeraa fi seera "constitution" Itoophiyaa tiin ilaalch kana babal'isuuf mannaagu. Murnoonni carraa ummata Oromoo Chaartara gamtaa tiin gumii Itoophiyaa "Ethiopian parliament" keessatti murteessina jedhan, tarree kana jalatti ramadaman. Dhawaanni shannee irbu-jabeessitootaa "The Charter generation " yaada isaanii golgaa tooftaa keessatti kolbanii, tokkummaa Itoophiyaa dirqiin nu waga'uuf dhagaan isaan hin garagalchine hin jiru. Murnoonni kun, yoo gurra ittiin dhaga'an kan qabaatan ta'e ,kaayyoon walabummaa sabaa tooftaatti hin sharafamu jennaan.Irbu-leellisummaan (Pro-Charter), bu'aa qabsoo Oromo fidu irra, miidhaa inni geessutuu caala. Qabsoo Bilisummaa Oromoo Chaartaraan jijjiiruun, akka re'ee dhibee irraa fayyisuuf sangaa qaluutti lakkaa'ama. Bara 1992, karoora ifaa fi tarsimoo qabatamaa tokko malee "qabsoo ummatatti kennina" jechuudhaan waraana bilisummaa Oromoo sablatti rukuchiisuu keenna yaadachuunis qaruutummaa dha jenna.

3. Mirgi ummanni Oromoo hiree ofii mataa ofii tiin murteeffachuuf qabu mirga demokiraasii tiin walqixaa miti. Mee yaada kana karaa biraa tiin haa ibsinuu. Mirgi demokiraasii gaaffii hiree ofii mataa ofii tiin murteeffannaa keessaa tokkoo malee, mirgi hiree murteeffannaa gaaffii demokiraasii keessaa tokko miti. Haadhoo fi baattoon mirga demokiraasii mirga hiree ofii mataa ofii tiin murteeffannaati malee, mirgi demokiraasii haadhoo fi baattoo mirga hiree murteeffannaati miti. Yaada kana irra caalaa

addeessuuf:- ”Mirgi demokiraasii, mirga hiree ofii mataa ofii tiin murteeffannaa OROMOO KEESSAA QAAMA XIQQAA TOKKO MALEE, MIRGI HIREE OFII MATAA OFII TIIN MURTEEFFANNAA, GAAFFII DEMOKIRAASII KEESSAA QAAMA XIQQAA TOKKOO MITI .Gaaffii bilisummaa Oromoo, gaaffii demokiraassii wajjiin wal-qixxeessuun ykn akka qaama gaaffii demokiraasiitti ilaaluun, ”kaayyo-maleessummaa –unprincipledness-ykn saafelummaa siyyaasaa –vulgarism” ta’uu bira lufee, beekkaanis ta’ee wallaalaan gara ejjannoo kabeebsitootaa fi ququrcitootaatti-reformist-gadi mucucaachuu fida. Jaalannus jibbinus kun immoo, dalagaan, gaaffii walabummaa Oromoo gara gulantaa lammataatti gadi buufnee mootummaa Wayyaanee wajjiin hiriiru ta’uu beekuu qabna. Mata-duree ”The Ethiopian State at the Crossroad Decolonization and Democratization or Disintegration ”jedhuun kitaaba obboo Leencoo Lataa barreesse sababiin guddaan ija qeeqaa tiin ilaalluufis kanuma.

4. Gaaffiin hiree ofii mataa ofii tiin murteefaannaa ”tokkummaa Itoophiyaa jalatti gaaffi uunkaa fi ijaarsa mootummaa Itoophiyaati miti. Gaaffiin hiree ofii mataa ofii tiin murteefaannaa, gaaffii bu’ura kaayyoo hundee taasifate. ”The question of self-determination is not the question of a form of state organization. But it is a question of basic principle”.

Seenaa diiggaa fi ijaarsa Impaayerootaa keessatti, sifaa fi bifiti mootummoonni ittiin utubaman hedduu tuu ture, ar’as jira. Fakkeenyaaf,
? mootummaa tokko-baheessa (unitary state)
? mootummaa waaltaa (federal state)
? mootummaa naannoo (regional state)
? bulchinsa naannoo (Local administration)
? mootummaa irbuu (confederation) .

Bifti fi uunkaan ijaarsa mootummoota asii olitti tarreeffamanii, furmaata rakkoo Oromoo fiduu hin dada’an. Ajandaan ijaarsa mootummaa Itoophiyaa, kan dhimma Oromoo ilaaluu miti.

Gaaffiin hiree ofii, mataa ofii tiin murteeffachuuf ummanni Oromoo qabu, gaaffii Impaayera itoophyaa keessatti mootummaa gamtaa ijaaru tiin walitti hidhata tokkoo iyyuu hin qabu. Murnoonni gaaffii Oromoo gara gaaffii ijaarsa mootummaa Itoophiyaati gadi xiqqeessan, beekkaanis ta’ee wallaalaan, ijjannoo kabeebsitootaa fi booressitootaa (reformist and revisionist) hordufu.

5. Gaaffiin hiree ofii mataa ofii tiin murteeffannaa, gaaffii referendamaa ykn murtii dimokiraasii kallachaatii miti. Kana jechuun ammoo, haala aanjawaa keessatti ummanni Oromoo mirga ilaa fi ilaamee kallachaa (referendum) gargaaramee hiree ofii mataa fii tiin hin murteeffatu jechuu miti. Referandamiin, riqicha ykn qoqqophee gara walabummaa-tti nama geessu malee, kaayyoo miti (” Not an end by itself but a means to an end”). Ummanni Oromoo haala mijaawaa jalatti hiree isaa referandamaan murteeffachuuf waani guutamuu qabu kamfa’a, gaaffiin jedhu, deebii quubsaa argatuu qaba.

Kanaafuu, haallii kennataan tooftaa dimokiraasii kallachaa (referendum) milkeessuu danda’u akka armaa gadii ta’a.

1. Dammaqiinsi ummata Oromoo sadarkaa ol.aanaa irra gahuu,

2. Gitni bittuu Habashaa abdii hegeree Impaayera Itoophiyaa irraa qabu kutatee julbiifatuuf dirqamuu,

3. Humniti Oromoo bifa waaraanatinis ta´ee bifa siyaasaa tiin guddinna gulantaa ol-aanaa irra gahuu,

4. Deeggersaa fi gargaarsi humnoota dimokiraasii idil-addunyaa argamuu qaba.

Osoo haallan keennatoon armaa oliitti tuqaman kun hinguutamin, gaaffii Oromoo murtii demokiraasii kallachaatiif dhiheessuun, maqaa murtii sagalee ummata Oromoo tiin, gabrummaa of irratti raggaasisuu ta´a.

Bakka haal-dureen keennataan hin jirretti, gaaffii hiree murteeffannaa, maqaa referendamaa-tiin ummatatti dhiyeessuun, miidhaa fi gaaga´ama inni fiduu danda´uu, seenaa biyyoota biraa irraa barachuu qabna. Fakkenyaaf, biyya Kanaadaa keessatti, gaaffii Kubeek murtii demokiraasii kallattii tiin deebisuuf filmaanni godhame, maqaa ummata Kubeekin, tokkummaa raggaasise. Gaaffiin Sahaaraa Arab-Demokiraatik republikaa referendamaan deebisuu tattaaffiin godhaamaa jirus, karama Kubeek kana hordofuun isaa hin oolu jedhamee sodaatama. Gaaffii referandamaa, gaaffii seeraa (de jure) guuttachuu ti. Referandamnii, bilisummaa ol -aatummaa humna waraanaa tiin argamte(defacto independence), gola mootummaa addunyaa keessatti barcumaa seeraa argachuuf duula godhamu ta´uu hubatuu qabna. Kanatti dabalee Oromoon , fakkenna gaarii murtii bilisummaa Eertiraa raggaasise irraa, baratuun dansaa dha.

Kaayyoo mirga hiree ofii mataa ofii tiin murteeffannaa, kaayyoo siyaasaa walabummaa ti (question of independence). Warraaqxotaa fi tarkaanfattoonni Oromoo, ummanni Oromoo hiree ofii mataa ofii tiin murteeffatuu qaba yoo jennu, ummata bilisaan biyya walabaa keessatti mootummaa ofiin- buleesa dimokiraatawaa republika ijaarra jechuu kenna tah'uu, firris diinnis beekuu qaba. Kana irratti, wanni dabalamus, wanni irraa hir'atus hin jiru. Karaan kaayyoo kanatti nu geessu, Impaayera Itoophiyaa dhiiguu qofaadha. Osoo Impaayerri Itoophiyaa hin diigamin, waa´ee dimokiraasii, chaartaraa, tokkummaa, federeshinaa fi referendamaa abjootuun, hononoqa ayyaanlaallattootaa fi dunquqquu booressitootaa bira hin darbu.

"As a matter of principle, if there is any possibility for union with the Ethipians, it has to be from disunion to union (probably)".
Osoo Impaayerri Itoophiyaa hin diigamin, waa´ee tokkummaa ykn gamtaa itoophiyaa tarkaanfachiisuun, jaalanus jibbinus, gabrummaa haarayaaf of qaadhimuu dha. Tokkummaan Oromoo yoomuu caalaa barbaachisa yoo jennus, kaayyoo kana xaliilchuu fi walfudhachisuuf, tokkummaa Oromoo keessatti qabsoo, qabsoo Oromoo keessatti tokkumm, wal irraa hincitne adeemsifna jechuu dha.

Tokkummaan Oromoo tarsimoo tokko irratti itituu qaba. Naqatton tarsimoo bilsummaa saba bal'aa, akeeka of jiraachichisanii diina dhabamsiisuu irratti guduumfama. Of jiraachiisuuf, fira ofii beekanii ijaaruu, diina dhabamsiisuuf diina ofii beekanii diiguu feesisa. Kan jechuun, tarsimoo bilisummaa Oromoo karoorsuu keennaan duratti, diinni tarimoo eenyu? Firri tarsimoo hoo eenyu? gaafiiwwan jedhu

walfaana deebisuu qabna. Osoo gaaffiiwwan kana calleessinee hin deebisin, tarsimoo qabsoo Oromoo karoorsu hin dandeennu.

Gaaffiiwwan kana osoo qulqulleensinee hin deebisin, tarsimoo kenna guduunfuun, dogoggora haadha-ajjeeftuu fida. Tarsimoon dogoggoraa, fira ofii ti fi of rukutuu muda. Gaaga´amni akkasii, waan ”danuun, qabsoon ilmoo ofiituu ni nyaatti” jedhanii hidhii xuuxanii bira taranii miti. Kanaafuu, tarsimoo qabsoo Oromoo guudnfuu dura dursinee, gaaffiilee armaa gadii xaliilchinee debisutu nurraa eeggama.

1. diinnii tarsimoo (strategic enemy) qabsoo walabummaa Oromoo eenyu?

2. Firri tarsimoo (strategic friend) qabsoo Oromoo eennu fa´a?

3. Diinni tarsimoo (strategic enemy) fira tooftaa (tactical friend), ta´uu ni danda´a?

4. Funyoon tarsimoo qabsoo Oromoo, utubaa fi dareersummaa kam irratti guduumfama?

Diinni qabsoo walabummaa Oromoo eenyu?

Diinni tarsimoo qabsoo Oromoo, sirna gabroomfataa itoophiyaa (Ethiopian colonial system) ta´uun isaa oduu harayaa miti. Wakkilli sirna kanaa ammoo, gita bittuu Habashaa ti. Gitni bittuu Habashaa hennaa ammaa kana, mootummaa Tigree tii fi humnoota of- tuultota gita bittuu Amaaraa tiin hogganama. Rasaasni tarsimoo qabsoo Oromoo kan irratti aggaammatu humnoota kana ta’uu qaba jennee amanna.

Firri tarsimoo Oromoo eenyu? Firri tarsimo Oromoo, saba bal´aa Oromoo, jaarmayoota walabaa Oromoo tii fi sabaa fi sab-lammoota akka Oromoo-tti hadhaa gabrummaa dhandhaman ta´uun ifa-galaada.

Diinni tarsimoo qabsoo Oromoo, fira tooftaa ta´uu hin dan da´u. Yeroo ammaa kana keessatti, namootaa fi murnoonni tokko tokko diina-tarsimoo wajjiin (gita bittuu Amaaraa wajjiin) tokkummaa tooftaa goona yaada jedhu dheedhii hin bilchaa tiin ummata Oromoo keessatti facaasaa jiran. Qaanqeen Bosonaa, osoo yaadni dogoggoraa kan tarsimoo Oromootiif lafa kaahame kun ilkee hin jabeeffatinii fi daadee hin baasin, qaxara-tti kutuu barbaada. Akkuma asiin dura irra deddeebinee ibsuu yaalletti, Oromoon Amaara qabatee Tigreen cabsee, yookiin Tigree qabatee Amaaraan cabsee, Impaayera Itoophiyaa diigee, Oromiyaa bilisoomsa yaadni jedhu yoo jiraate, abjuu guyyaati.Seenaa qabsoo bilisummaa sabaa irraa akka hubannutti, humnoonni bilisummaa diina tarsimoo wajjiin gamtaa tooftaaa kan tolfatan, haala baay’ee dhiphaa tahe keessatti. Sunilleen, yoo gamtaan kun miidhaa fi gaagaamsa inni fidu irra bu´aa fi milkiin isaa kan caalu ta´ee argame qofa. Fakkeenyaaf, biyya Chaaynaa keessatti qabsaa´onni bilisummaa ”Diinni diina kiyyaa fira kiyya”
”The enemy of my enemy is my friend ” jedhanii, haala yeroo fi bakke kophaa keessatti, diina tarsimoo wajjiin gamtaa tooftaa tolfatanii yeroofis ta’u, milkaanii turan. Haala tooftaan kun jalatti hojjate osoo bilchinaan hin qoratin, Amaara qabatne Tigree dhoofna ykn Tigree qabatnee Amaara dhoofna malli jedhu, karaa nu baasu miti. Qabsaa´oonni biyya Chaaynaa mootummaa booddeessaa Komin Tang

qabatanii gabroomfataa Jaapaaniin loluun isaanii dhugaa hin haalamne. Haa ta´u malee, yeroo sanatti mootummaan booddessaan Chaaynaa bilisummaa saba cunqurfamaa dura haa dhaabbatu malee, walabummaa biyya Chaaynaa-tti ni amana ture. Haalli Impaayera Itoophiyaa keessa jiru garuu bay'ee haala Chaaynaa irraa fagaataa dha. Gita bittuun Habashaa hafee, warrumti cunqurfamaa Habashaa ti ofiin jedhanuu "the so-called indigenous Habashas", hennaa isaan waa´ee tokkummaa Itoophiyaa alaakuu dhiisanii mirga Oromoo-itti amananii fudhatan dhaga´mee hin beeku. Hanga daqiiqaa ammaatti, humniti tarkaanfataan ykn dimokiraatawaan Habashaa keessaa as bahee gita koloneeffataa ganee, bu´aa isaa wareegee, afaan guuttatee mirga hiree murteeffannaa Oromoo nan beeka jedhe hin jiru.

Hundumti isaaniituu, Oromoo tokkummaa Itoophiyaa waga´anii, gamtaa tooftaa wajjiin godhatuu barbaadan. Habashaan gamtaa tarsimooti fi tooftaa Oromoo wajjiin kan godhatu yoo Oroomoon kaayyoo hiree ofii mataa ofii tiin murteeffannaa haqee, gulantaa tokkummaa Itoophiyaa-tti gadi bu'e callaadha. Ejjannoo kana immoo "Itoophiyaawii lamahon inni daraaddaraallen" murna jedhan yoo ta´e malee, qabsaawaan bilisummaa yaada kana hin fudhatu. Seenaa tarsimoo qabsoo Oromoo keessatti, keessattuu hennaa ammaa, xurree dogoggoraa lamatuu calaqqisaa jira.

Tokkoffaan, ilaalcha haceeqalummaa (conservatism). Murni ilaalcha haceeqalummaa ykn rincicummaa qabu madala humnaa keessatti, humna Oromoo akka malee gadi-xiqqeessee, humna diinaa akka malee ol-gaddisee hadhooftuu fi hamilee Oromoon qabsoof qabu keessatti ajjeesa. Seexaa fi qoraamala (psychology) isaa keessatti yeroo hundumaa wanni calaqqisu: booji´amuu, injifatamuu fi hegeree-dukkanoo (pessimism) qofaadha. Murni kun, "Oromoon kara humnaatiin lolee of bilisoomsuu waan hin dandeenneef jecha, karaa nagayaa tiin tarismoo Chaarteraa-tti gargaaramee mirga isaa argatuu qabaa" jedha.

Ilaalchi kuni, humna Oromoon qabu humna mul´ataa (tangible force) qofaatti herrega. "Oromoon eeboo fi wanteen lolu humna diinaa kan xayyaaraa fi taankiin lolu dura dhaabbatuu waan hin dandeenyeef, jaarsummaa fi qabsoo diplomaasii qofaa irratti fuulleffatuu qabaa "jedha. Ilaalchi tarsimoo haceeqalummaa, humna dhokataa (intangible Force) Oromoon qabu hin argu. Qabsoon Oromoo: dhugaa, deggersa ummata bal´aa, hamilee hin guune fi irkoo seenaa qabaatuun isaa itti hin mul´atu. Ilaalchi miidhaan inni qabsoo Oromoo irratti geessu tarsimoo farristummaa wajjiin walqixa ta´e, dogoggorri biraa ilaalcha tarsimoo "jabdummaa ti" (adventurism). Ilaalchi tarsimoo jabdummaa, gamaaggama madaala humnaa keessatti humna Oromoo akka malee ol guddisee, humna diinaa akka malee gadi xiqqeesse tilmaama. Herrega dogoggoraa kana irraa ka´ee, osoo yeroon isaa hin ga´in diina tarsimoo waliin gamtaa tooftaa umee, humna bilisummaa salbatti (qaxaratti) rukuchiisuu barbaada. Qabsaa´onni bilisummaa, yeroo gamtaa tarsimoo humna biraa wajjiin tolfatan madaala humnaa qorataa, humna ofii shallagaa, suuta suutaan itti siqan malee, akka raachaa utaalanii keessa xurbuq hin jedhan. Osoo gamtaa tarsimootis ta´ee, gamtaa tooftaa humna biraa wajjiin osoo hin tolfanne dura dursee fira qabsoo ijaaruu fi walitti qindeessuu, humna ofii bu'úrsuu fi itichuu feesisa. Osoo humna ofii ijaaranii madaala humnaa gadi fageennaan hin herregin, diina tarsimoo waliin gamtaa tooftaa tolfachuun kichuu cituu, akka billaachaa ibiddatti gubatuu fida. Erga dogoggora mataa ofii tiin of ajjeessuu godhanii booda, nan dogoggoree "furshi baaxilanii" jedhanii dhiifama gaafachuun nu hin baasu. Osoo ummanni Oromoo akka humna siyaasaa tii fi humna waraanaa-tti ol bahu isaa injifannoo diina irratti argatuun hin mirkaneeffatin" abokaattoo Impaayera Itoophiytaa ti fi ogeessa tarsimoo gaafa Afrikaa godhanii of

dhiyeessuun, ilaalcha tarsimoo jabdummaa waan ta´eef, murnoonni dalagaa dogoggorsaa kana irratti bobba´an, yeroon of sirreessuu qaban jenna. Waa´ee kana ilaalchisee, H.Q. Loltuun, xalayaa " Turning Point" jedhuun maxxansaa Baatii Badheessaa bara 2001 basee irratti, waan akka gaaritti yaada dogoggoraa san saaxil-dhaabeef, karaa qajeelaa taraareef irra deebi´uu hin barbaadinu. Kanaafuu, tokkummaan Oromoo kaayyoo walabummaa sabaa irratti tarsimoo qajeelaan guduumfamuun, madaalama ykn itita jennee amanna.

Tokkummaan Oromoo Jaarmayaan mul´atuu qaba .Yoo wal sobuu dhiifnee dhugaa dubbatne, Jaarmaya akkamtuu humna Oromoo tokkoomsee Oromiyaa walaboomsee, tokkumaa ummata Oromoo tiiksee, diina ofi-irraa faccisee, firii walabummaa waardiyyeessee tursiisa gaafiin jedhu, akkuma gaafii tarsimoo hanga ammaatti deebii quubsaa hin argatine.

Ilaalchi Oromiyaa jaarmaya siyaasaa qofaan walaboomsina jedhu, akkuma nu hin baafne, yaadni Oromiyaa jaarmaya waraanaa qofaan walaboomsina jedhus nu hin baasu. Kan nu baasu, jaarmaya siyaasaa-waraanummaa jabaa (politico-military organization) qofa. Jaarmayaan Oromoon yeroo ammaa ijaaruu fi jabeessus qabu, jaarmaya siyaasaa lolaa yoo ta´e bu´aa argamsiisu danda´a. Diinni dhawan malee ofumaan hin kofu. Halaala teennee siyaasaan abaaruu duwwaan, diina keenna injifachuu hin dandeennu . Diina keenna kan injifachuu daneennu yoo qaamaan, sammuun, qabeenyaan, gamtaan irratti duulle calaa dha.

Tokkummaan humnoota Oromoo-llee kan ititee cimoomuu dan da´u, yoo diina tokkoon loluu irratti walii birmannee, hadhaa akka tokkoo waliin dhandhamnee, rakkinaa fi bal´ina akka tokkoo keessa waliin hulluuqne qofaa dha. Kana godhuun, of wareeguu fi of kennuu gaafata. Yoo tokko lolu kuun diina jala burxaalaa, yoo kuun fincilu kuun jilbiifataa, yoo kuun du´u kuun dhiiga kaaniin jiraataa, tokkummaan Oromoo dhufuu hin dan da´u. Tokkummaan Oromoo jaarmaya masaanuu heddu wal-irratti ijaaruunis hin dhufu. Tokkummaan humnoota Oromoo bifa jaarmaya tokkoo tiin kan of mul´isnu danda´u, yoo jaarmayoonni ofiiti olitti kaayyoo bilisummaa Oromoo tiif of qulqulleessanii, rakkina fi dhibdee jaarmayoota Oromoo hundumaa qancarse gamaaggamnii gamtaan tarkaanfii sirreessituu fudhatan duwwaa dha. Rakkoo fi shira bobaa keenna jala jiruu dhiifnee ykn hilleefii yoo dogoggoraa fi shira nama biraa callaatti kan quba akeeknu ta´e, wal diigna malee wal hin ijaarru. Xurreen dogoggoraan hogganni booddessaan, miseensi jallataan jaarmaya kamyuu keessa jiru, qabsoo keennaaf miidhaa malee milkii akka hin fidne hubatuu qabna. Tokkummaa humnoota Oromoo kan itichuu danda´u, eenyuu miseensa jaarmaya kamiiti kan jedhu osoo hin ta' in, eenyutu qabsoo Oromoo tiif maal hojjate, maal hojjataa jira, fuul duraa fis maal hojjatu danda´a kan jedhu ta´a. Tokkummaa humnoota Oromoo argamsiisuu fi cimsuuf maadhee-maatiin tarkaanfattootaa fi warraaqxota Oromoo gidaara jaarmayotaa cabsee walitti fulla´uu qaba. Wal waanyuun, walitti hinaafuun, olola dharaa wal-irratti oofuun, tokkummaa Oromoo ni fageessa malee hin kaleessu. Kan tokkumma Oromoo kaleesu, qaama jabaa walii quudhanii, qaama laafaa walii sirreessaanii dachaa daraboon wal bira tarkaanfachuu dha. Jaarmaan tokko jaarmaya biraa liqimse ofii jiraatee kaan dhabamsiisuuf dorgommiin godhamu, bolola aangoo bakkaan gahachuu yoo ta'e malee, qabsoo Oromoo tiif bu´aa tokko iyyuu hin fidu.

Yaa ilmaan Oromoo lammiwwan keenya!
Sochii dhala namaa keessatti, seenaan naanna´ee deebi´a. Seenaan naanna´e deebi´uu duwwaa osoo hin

ta´in, ol-guddatee deebi´a. Seenaan Oromoo garuu, ol-guddatee deebi´uu dide. Seenaan dhala namaa gammachuu fi gaddaan naanna´ee deebi´a (”History repeats itself in spiral of comedy and tragedy”)

Seenaan Oromoo garuu, gaddaa gadadoo malee gammachuun naana´ee deebi’uu dide. Bara 1880-taa keessa, gabroomfataan mootii Minilik jedhamuun durfame gargaarsa mootummoota aango-qabeeyyii Awurooppaa irra argatee irratti dabalee, Oromoo Oromoon cabsee biyya keenna qabate. Yeroo sana irraa kaasee gadaansa seenaa gaddaa: durfamnee rukutamuu, hadhaa salphinnaa fi gabrummaa jilbiiffannee wagga´amuuf dirqamne. Bara Mootummaan Hailesillaasee bu´ee mootummaan Dargii aangoo yaabbate, Dargii dursee bokkuu walabummaa butachuun Oromoon (nuun) mala ture. Yoggasis si’a lammataa tiif seenaa keessatti durfamne gooftaa jijjiirachuuf dirqamne.

Bara mootummaan Dargii jigee, mootummaan wayyaanee aangoo Itoophiyaa dhaale, biyya bal´aa fi ummata guddaa keessatti humna xiqqaa fi saba bicuu dursinee abbaa biyya keenyaa ta´uun nu Oromoon mala ture. Waan naadiraa! Bara sanas, osoo dursuu qabnu durfamnee gooftaa haarayaaf gugguufuuf dirqamne. Ammallee yoo daddafnee, rakkoo keessaan danqee nu qabe irree tokkoon irra aannee, warraaqsa walabummaa Oromoo dandamachiisuuf tarkaanfii shaffisaa fudhatne qophii barbaachisu godhuu hanqatne, hireen dahabni (golden opportunity) nu miliqee amma si´a afuraffaaf gooftaa fi gabrummaa haaraaya geeddarachuun keenna akka hin oolle Qaanqeen Bosonaa sodaa qabu tarkaanfattootaa fi warraqxota Oromoo tiif ibsuu barbaada.

Kanaafuu, qabxiilee fi ijjannoolee armaa gadii irratti waamicha tarkaanfii hatattamaa gaafatu, Qaanqeen Bosonaa sabboontota, qabsaa´ootaa fi ummata Oromoo bal´aaf dhiyeessa.

1. Kaayyoo walabummaa saba bal´aa xurree aayyaanlaallatootaa fi qancarsitoota (rincicummaa) irraa xaliilchinee dhaadannoo ummata bilisaan, biyya walabaa keessatti, mootummaa birmaduu dimokraatawaa Oromiyaa ni utubna jedhu jallatti, diina tarsimoo irratti rakuttaa wal irraa hincitne finiinsuu.

2. Haala qabatamaa ammaan tana calaqqisaa jiru irraa akka hubatuu danda´amutti, murnoonni qancarsoo fi booddessoon hogganummaa jaarmayoota Oromoo tokko tokko qabatan hedduun isaanii, qabsoo bilisummaa sabaa tiif godhamu kolaasanii qabsoo Oromoo gara qabsoo aangoof godhamuu-tti waan jijjiiraniif haala kana gamtaa qabsaa´oo taa tiin irra annee sirreessuu qabna.

.
3. Tokkummaan bifa agoobara jaarmayoota Oromoo tiin labsame, maqaa bira achi darbee, tarkaanfii mul´ataa diina tarsimoo irratti fudhachuu hin dandeenne. Kunis sababii mataa isaa danda’e qaba. Tokkummaan jaarmayoota Oromoo bifa agoobaraa tiin hennaa wixinamu, kaayyoo bilisummaa Oromoo tarkaanfachisuuf osoo hin ta’in, wirrijjaa aangoof godhamu wal madaalchisuuf ykn dhiibbaa humna alaatiin akka ta´e tolchinee beekna. Wanni nama raaju, murnoonni bara dheeraaf tokkummaa Oromoo irratti gufuu ta´aa turan, ammallee ta´aa jiran, ogeessa-daandii-saaqaa tokkummaa Oromoo ta´anii of dhiyeessuu isaaniiti. Tooftaaan isaaniillee hawwii ummanni Oromoo tokkumanaaf qabu maqaa tokkummaa tiin kolaasuu dha. Tokkummaan sabboontota Oromoo tokkummaa jaarmayoota tii fi

tokkummaa hogganootaa (mechanical unity) bira dabree, gara tokkummaa maadhee-maatii qabsaa´oota Oromoo-tti cehuu qaba. Jibbaa fi shakkiin qancarsitootaa fi booddessitoonni qabsaa´ota Oromoo giddutti uuman osoo gufuu ta´ee wal irraa nu hin ittisin, gololee jaarmayootaa cabsinee walitti dhufuu qabna.

4. Oromoo irraa dhalatuun, hundee tokkummaa keennaa haa ta´uu malee, mataa isaa tiin tokkummaa fiduu hin danda´u. Miseensa jaarmaya tokkoo ta´uunis yoo gara tokkummaa-tti tarkaanfii tokko fuul duratti nu siikse malee, gahaa miti. Tokkummaan keeyna tokkummaa fakkeessaa (formal unity) irraa gara tokkummaa dhugaa-tti (real unity) cehee kan nu tokkoomsuu dan da´u, yoo qabsoo dhugaa (real struggle) gone callaa dha. Tokkummaan dhugaa qabsaa´ota Oromoo giddutti kan itituu danda´u, kaayyoo tokko jalatti gamtaa fi tarsimoo tokkoon diina tokko irratti duuluu dhaani. Gamtaa fi jaarmaya tokko jalatti humna waraanaa tokko ummachuun, dalagaa boruuf ballamamuu miti. Waraana duubbee caayaa biyya ollaa firaa irraa gara fuullee diinatti bobba´u diinagdee dhaabbataa fi loojistika walabaan itti birmachuun boruu mitii ar´a. Tokkummaan Oromoo illee kan ititu diina irratti tarkaanfii mul`ataa fudhachuu dhaan ta´a jenna.

Tokkummaan Oromoo qabsoon itita!
Awwaala kiyyoo gabrummaa irratti bilisummaan ni lalisa!
Ayyaan-laallattummaa fi qancarsitummaa, gamtaa warraaqxotaa tiin irra aanna!
Tokkummaan waraana Oromoo haa jabaatu!

Koree Gulaalaa Qaanqee Bosonaa –irraa
qaanqee@hotmail.com